“Islaamummaan waan shan irratti ijaarame

Abdullaah ibn Umar irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: “Islaamummaan waan shan irratti ijaarame: Rabbiin malee haqaan gabbaramaan biraa akka hin jirree fi Muhammad gabrichaa fi Ergamaa Isaa ta’uu ragaa bahuu, salaata dhaabuu, zakaa kennuu, hajjii gochuu fi ji'a Ramadaanaa soomuudha” .
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Islaamummaa ijaarsa ruknoowwan isaa shanan ijaarsa sana baattuun jabaa ta'etti fakkeessan, haaloowwan isalaamummaa kanneen hafan immoo akka waan guuttuu ijaarsa sanaa taatetti ilaalamti. Durri Ruknoowwan kanneenii: Shahaadaa lameeni; Rabbiin malee kan haqaan gabbaramu hin jiruu fi Muhammad Ergamaa Rabbii ta'uu ragaa bahuudha, isaan kun lameen ruknii tokko, tokkoon isaanii kaan irraa gargar hin bahu, Garbichi tokkummaa Rabbiitii fi waan Isa malee jiru osoo hin taane Inni qofti ibaadaa akka haqa godhatu amaanaa haala ta'een, qajeelfama isitti hojjataa haala ta'een, ergaa Muhammaditti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- amanee isaan hordofaa haala ta'een isaan lameen (shahaadaa lameen) dubbata. Rukniin lammaffaa: Salaata dhaabuudha, isiinis Salaatawwan halkanii fi guyyaa keessatti dirqama ta'an shanani: salaata fajrii, zuhrii, asrii, maghribaa fi ishaa'ii yoo ta'an ulaagaa isaanii, ruknoowwan isaaniiti fi dirqamoota isaanii eeggatanii dhaabuudha. Rukniin sadaffaa: zakaa dirqamaa baasuudha, isiin ibaadaa qabeenyaa tan hunda hoorii likkii shari'aan murtaahe keessatti dirqama taatuudha, namoota isii haqa haqa godhataniif kennamti. Rukniin afraffaa: Hajjiidha, inni hojiilee adda addaa raawwachuuf Makkaa hamiluudha, Rabbii ol ta’e gabbaruuf jecha. Rukniin Shanaffaa: Sooma Ramadaanaati, inni barii irraa kaasee hanga aduun lixxutti niyyaa Rabbiin gabbaruutiin nyaata, dhugaatii fi wantoota sooma balleessan kan biroo irraa of qabuudha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/65000